**QEE FI QABEENYAA, DHACHII HADHUURAA ISAARRAA UMMATA OROMOO BUQQISUUN**

**MIRGA UUMAMAAN UMMATNI OROMOO QABU SARBUU DHA.**

Mootummootni Habashaa/Itiyoophiyaa dhufee dabraan toftaa fi tarsiimoo sirna gabroofataa ykn koloneeffattummaa isaa haala addaa addaan Oromiyaarratti caasaa isaa diriirfatee ummata Oromoo qee fi qabeenya, irraa saamaa fi saamisisaa kaan Lubbuu ajjeessaa kaan godaansisaa, qee isaa keessatti jiruu fi jireenya itti hadheessee,baroota dheeraaf,Ummatni Ormoo qee dhabilee ta`ee godaanaa akka jiraatuu fi baqattummaaf akka saaxilamu godhamaa tureera. Har`as mootummaan Wayyaanee /TPLF/ sirnuma duraan warri isa duraa Ummata Oromoo fi Oromiyaa weeraruuf saganteeffatan sana bakkaan ga`uuf fi ummata Oromoo fi Ormiyaa human Qawween hukkaamsanii of jalatti bulchuuf abju`atan sana fiixaan baasuuf Marxifatee hojjetaa jira.

Oromoo qee fi qabeenya isaa saamaanii Maatii tamsaasanii daa`emman yatiyyaman. Gochaa suukanneessaa fi diinummaa kana Ummata Oromoo irratti hojjechuun Qee ummata Oromoo Oromiyaa honsaniiru. Sabboontota ilmaan Oromoo gaaffii haqaa gaafatanii fi mirga saba isaaf falamatan, qee isaarratti ajjeesaa, hidhaa turan.Har`as ittuma jiru.

Bara sirna Bulchiinsa Mootummaa wayyaanee dachii Oromiyaa Qircuun ta`e jedhamee Ummata Oromoo fi ummattoota Ollaa Oromiyaa qubatanii jiran Ummata Oromoo waliin yeroo addaa addaan walitti buusa tureera. Har`as sanuma godhaa jira. Akka fkn tti Karaa Oromiyaa bahaa, ummata Oromoo fi Ummata Somaalii, Karaa Dhiya Ormiyaa Ummata Oromoo fi Ummata Gumuuz/Gurraacha Abbayaa/ karaa kibba Oromiyaa fi kibba bahaa Oromiyaa saboota bicuu Oromiyaa keessa qubatanii fi Ummata Oromoo walitti buusuun dhiigni ummata Oromoo fi ummattoota Cunqurfamoo danuun dhangala`eera. Qabeenyi heedduun barbaada`eera. Horiin gaanfaa fi midhaan ykn dhangaan calla`eejiru saamaameera.

Kallattii Arfaniinuu ta`e jedhee Mootummaan wayyaanee ummatni Oromoo qee isaarratti akka nagaa fi tasgabbiin hin jiraannee ummata Oromoo irratti lola banee jira. Ummatni Oromoo qee isaarratti qabeenya isaa fi qee isaaf akka hin falmannee fi mirga isaa hin gaafanneetti ofii karaa dudduubaa fi harka lafa jalaan saboota Diinummaa fi farrummaa tokkollee ummata Oromoorraa hin qabne ofumaa meeshaa waraanaa sadarkaa guddaatti bifa addaa adaan hidhachiisee, Oromoorratti ta` ejedhee bobaasee ummata Oromoo saamsisaa fi ajjeesisaa jira. Kaan Lafa bajjii gabbataa fi bakka qonnaaf filatamaa ta`e Lafa ummata Oromoo kutee saboota biraaf kennuun kaan ammoo alagaa bakka biraatii godaansisee fidee dachii Oromiyaarra qubsiisuun ta` e jedhee ummata Oromoo fi saboota cunqurfamoo walitti buusaa tureera. Ammas yeroo yeroon sagantaa haaraa baafatee Oromoo qee isaarraa dhiibee alagaa fidee lafa Oromoorra qubsiisaa jira. Akka fkn tti Godina wallagga bahaa ummata Amaaraa Goojjamii fidee naannoo Hangar Guuttin naannoo harqubbee qubsiisuun bosona Oromoo Ciriisaa fi mancaasaa, dachiin Oromoo akka Qullaatti aftu godhaa jira.

Ummata Gumuz Godina Wallagga bahaa fi Dhiyarra qubsiiseera, Akkasumas karaa baha Oromiyaas ummata Somaalii qubsiiseera.Karaa Giddu galeessa/handhuura Oromiyaa naannoo Shaggari kan hojjetamaa tutree fi itti jirus isuma kana dha.

Mootummoota Habashaa dhufanii dabran keessaa diinni suduudaan sanyii dhala Oromoo lafarraa balleessuu fi dhumaatii daangaa hin qabne/Sanyii duguuggaa/ saba Oromoo irraan geessisee fi saba Oromoo miidhee Mootummaan Wayyaaneeti. Haalli gochaan suukanneessaa fi ajjeechaan gara laafina tokko malee waraanaa wayyaaneen ummata Oromoorratti raawwatame fi raawwatamaa jiru yoomuu kan Ummatni Oromoo dagatuu fi seenaan irraanfatamu miti.

Bara 1992 erga ABO mootummaa ce`umsaa keessaa humnaan dhiibamee ba`ee kaasee hanga har`aatti mootummaan wayyaanee ifaa fi kalaattiin waltajjiitti ba`ee Ummata Oromoo fi Biyya Oromiyaarratti lola labsee jiraachuun isaa ni yaadatama.

Akka kanaan Maanguddoota,hawwan, hayyoota, beektota, dagraggoo fi shammaran ,Jaarolee fi daa`imman xixxiqaan utuu hin afiin maqaa Miseensaa fi deggeraa ABO ti jechuun manoota hidhaa kanneen akka kaambii waraanaa fi mlooraan leenjii Waraanaa utuu hin afiin ummata Oromoo qonnaa fi jiruu,manaa fi jireenya isaarraa ukkaamsanii guuramanii hidhamaniiru. Kaan ajjeefamaniiru. Kaan ammoo achi buuteen isaanii hanga ammaatti dhabameera. Haalli kun itti fufuun mana barumsaa keessattillee ilaamn Oromoo adamsanii ajjeesuun, mana barumsaarraa hariyuun,abdii fi qaroo Oromoo kan ta`e sababa deggeraa ABOtiin yakkuun hojiirraa hariin,hojii dhorkuun, hayyootaa fi beektota sabboontota Oromoo ,barattoota Oromoo fi bariisota qonnaa bulaa Oromoo,daldaaltotaa walumaa galatti ilmaan Oromoo biyya isaanii keessatti jiruu fi jireenya dhorkee iraarsaa fi mankaraarsee akka biyya ababa isaanii keessaa baqatan taasiseera. Har`as sanumatti jira.

Mootummaan Wayayanee ilmaan Oromoo biyya itti baqataniillee heeraa fi seera mirga baqattummaa isaanii sarbuun adamsee qaama tikaa Mootummaan ukkamsisiisee biyyatti deebisee kan ajjeessee fi kan bakka buuteen isaanii dhabames danuu dha. Yeroo ammaa kana Ummatni Oromoo kumaa fi kitilaan lakkaa`aman mana hidhaa wayyaanee bakka addaa addaa keessatti badii fi yakka tokko malee waan Oromoo ta`an callaaf mana hidhaa keessatti Korreentiin waxalamaa jiru.

Mootummaan Wayyaanee/TPLF/ dachii Oromiyaa qabeenya uumaa fi uumamaan jiru saamuu callaan hin dhaabbanne. Bosona Oromiyaa baroota dheeraaf Ummatni Oromoo akka qabeenyaa uumaatti kunuunsaa fi tikfataa ture Bosona Baalee Ibdinaan gubee barbadeesseera. Iluu Abbaa Booraa keessaa kan akka Bosoma Hurruumuu fi Yaayyuu Abiddaan gubee barbadeesseera.

Lageenii fi Haroolee Oromiyaa keessa jiran kaan Gosseera. Kaan ammo Summeesseera. Wayyaaneen Gochaa diinummaa isaa kan raawatee fi raawataa jiru Qabeenya Uumaa fi uumamaan Oromiyaa keessa jiruu dhabamsiisuun, Jireenya ummata Oromoo balleessuu fi ummata Oromootti jireenya hadheessee Ummata Oromoo qee dhabilee ta`ee rakkataa fi baqataa ta`ee akka jiraatu marxifattee hojjetaa jirti.

Ummatni Oromoo nagaa jaallata. Sabni Oromoo nagaa fedha. Akkuma ummata kamiiyyuu Ummatni Oromoo qee fi qabeeya, manaa fi maatii isaa waliin qee isaarratti kabajamee nagaa waaraa fi tasgabbiin hojjetee,horatee, qotatee nagaan daldaallatee jiraachuu barbaada.

Garuu qeema isaarratti itti dhufanii nagaa dhorkuun jiruu fi jireenya dhorkanii Qee keenyarratti/Biyya abbaa keenyaa Oromiyaa keessatti nagaa nu dhorakkan. Hanga Yoomiitti sabni Oromoo qee fi qabeenya isaa saamamaa, jiruu fi jireenya dhabee hidhamaa fi ajjeefamaa jiraata?

Qee issaarraa hariyatamee baqattummaaf saaxilamee biyya hormaa keessatti dhiiraa fi dhalaan,maanguddoo fi ijoolleen salphatee jiraata?

Nuti miseensotni ABO Konyaa Gadaa Bilisummaa/KOGB/gochaa suukanneessaa mootummaan wayyaanee ummata keenyarratti raawwataa jiru kana mormuun,akkasumas qabeenya dachii Oromiyaa fi Saba Oromoo irratti Qaween roorifamaa jiru kana ilalachisee mormii fi dura dhaabbannoo qabnu ibsa ejjennoo armaan gadii kana ibsneerra.

1. Ummata Oromoo kallattii Arfaniinuun Finfinnetti marsee qubatee jiru maqaa Bulchiinsa Finfinnee jala galchuu jedhuun Ummata qee fi qabeenya isaarraa humnaan buqqisuuf dhiibbaa fi doorsisa Mootumaa Wayyaanee/TPLF/ godhamaa jiru akka dhaabbatu ni gaafanna. Haalli kun ummata Oromoo Iyyummaaf saaxiluuf waan ta`eef ni mormina.
2. Mootummaan wayyaanee Ummata Oromoo fi Gumuz ammaan dura walitti diree wal lolchiiseen lubbuun nama heedduu galaafatamuun isaa ni yaadatama. Yeroo ammaa kana Mootummaan wayyaanee Godina Wallagaa bahaa aanaa Haroo Limmuu fi Eebantuu dachii gabbattuu Kutee ummata Gumuziif kennaa jira. Haalli kun balaa biraa waan fiduuf Mootummaan wayyaanee waan kana atattamaan akka dhaabu gaafanna. Sababa kanaan rakkoo uumamuuf kan itti gaafatamu Mootummaa wayyaanee ta`uu dursinee hubachiifna.
3. Mootummaan wayyaanee ilmaan Oromoo badii fi yakka tokko malee sababa Oromummaa isaaniin yakkee maqaa deggeraa ABOti jedhuun mana hidhaatti Guuree gidirsaa jiru atattamaan akka mana hidhaatii gadi lakkisu gaafanna.
4. Barattoota Oromoo ajjeeseeuun,hidhuu fi barumsarraa hariyuun akka dhaabbatu gaafanna. Gaaffiin barattoota Oromoo gaaffii Ummata bal`aa Oromoo waan ta`eef ni deggerra. Waan dandeenyuun bira ni dhabbanna.
5. Naannoo Oromiyaa keessatti mooraan Yuunversiitii,Koolejjii fi manneen barumsaa sadarkaa ol aanaa Humna waraanaan marfamee mooraa leenjii waraanaa fi kaambii qumtuma waraanaa ta`ee akka barattootni Oromoo sammuu nagaan hin baranneef qoorqalbii baratoota Oromoo shororkeessuun, addatti barattoota ilmaan Oromoo qofaatti maqaan fo`anii doorsisuu fi barumsa irraa ilaamaan Oromoo hariyuun akka dhaabbatu gaafanna!
6. Mootummaan Keeniyaa ummata Oromoo nagaan biyya isaa keessa jiraachuu dadhabee lubbuu isaa baraarfachuun gara biyya ollaatti baqatee heeraa fi seeraan UNHCR jalatti galmaa`ee jiru heeraa fi seera mirga baqattummaa isaanii akka kabajuuf cimisinee gaafanna.
7. Warri mirga dhala namaaf dhaabbattaanii fi haqaaf baamsitan miidhaa fi dararama ummata Oromoo biyya baqaa /Keeniyaa keessatti irra ga`aa jiruuf gargaarsa namoomaa fi daahannoo seeraa akka gootaniif, Hatattamaan akka baqattoota miidhaan irra ga`eef dirmattanii fi mirgi baqattummaa isaanii seeraan kabajamuuf cimsinee gaafanna.
8. Mootummaan Keeniyaa Ummatni Oromoo biyya abbaa isaa Oromiyaa keessa humnaa qawween mirga namummaa isaa sarbamee fi sirna gabroofataan Koleeneeffatamee hireen baqattumaa isa muudate. Kanaaf kaleessas ta` e boris Ummatni Oromoo fi

ummatni Keeniyaas ta` e mootummaan Keeniyaas waliin jiraata. Haala rakkoo Siyaasaan miidhaa saba Oromoo irra ga`e kana hubachuun Ummata Oromoo iraarsuu fi miidhaa addaa addaa irraan ga`ee fi g a`aa jiru akka atattamaan dhaabu cimsinee gaafanna.

9. Ummata Oromoo Booranaa fi Gujii jidduutti karaa warra Tika mootummaa wayyaanee/TPLF/ shira walitti bu`insaa uumame haalaan kan nu gaddisiise dha. Lafee Satawwaa Lafeema Satawwaan Cabsu jedhan sana . Yeroon amma keessa jirru yeroo sabni Oromoo gamtaa fi tokkummaan ka`ee QBtti dirmatuu fi diina biyya keenya weeraree Nu ajjeessaa fi hidhaa jiru ofirraa baasuuf diinarratti qabsoofnuna. Kanaaf ummatni keenya waliin diina isaa loluu malee wal isaatii walitti galagalee wal millachuu hin qabu jenna.
10. Dhaabbilee siyaasaa Oromoo kan biyya keessaa fi biyya alaa jirtan diinni nuti qabnu diina qabsoo Bilisummaa saba Oromoo fi diina Ummata Oromoo kan ta`e Alagaa dha. Kana hubachuun akeekaa fi kaayyoo kaleessa manaa hitti baatanii fi qabsooftaniif saba keessan ummata Oromoo fi biyya keessan Oromiyaa sirna kolonii Alagaa jalaa bilisa baasuuf ilaa fi ilaameen wal hubachuun akka waliin Qabsoo gamtaa qindeeffatanii diinarratti xiyyeeffatanii irree tokkoon qabsooftan waamicha keenya lammummaa fi kaayyoo Jaallummaa isiniif dhiyyeessina.
11. Ilmaan Oromoo kan biyya hambaa keessa jirtan maraaf, Yeroo ammaa Ummatni Oromoo biyya keessa jiruu fi bakka addaa addaa jiru diina keenya Hin kaa mootummaa Wayyaaneen adamfamee iraarfamaa jira. Qee fi qabeenyi saba Oromoo manca`aa jira. Yeroo kana callifnee teenyee ilaalluun, Bori seenaan nu gaafata. Kanaaf bakka jirruu sagalee tokkoon kaanee ummata keenyaaf waan dandeenyuun akka dirmannuu fi waan dandeeny gumaachinu waamicha keenya lammummaa fi Oromummaa isiniif dhaamna.
12. Gootota barattoota Oromoo fi Qeerroo Oromiyaa qabsoo kaleessa abbootiin keenya lafee hurreessanii, dhiiga itti lolaasanii nuun ga`an harkaa fuutanii xumuura itti gochuuf qasboo seexaa fi xiiqii qabdu diinarratti geggeessa jirtan. Baayyee kan lammii boonsee fi diina dhiphiisaa jiru dha. Jabaa dhaa itti fufaa waan dandeenyuun isin faana jirra.
13. WBO dirree falmii keessa jiru roorroo fi iraasa saba kee ummata Oromoorraan diinni ga`aa jiruu fi geessiseef furmaatnii qabsoo hidhannoo jabeessuu dha. WBO tarkaanfii diinarratti fudhataa jirtu abdii fi hamilee ummata keetti horaa jira. Jabaadhu WBO! Waan dandeenyuu maraan WBO bira ni dhaabbanna!
14. Ilmaan Oromoo kan biyya keessa jirtan ,haalli amma keessa jirru QBOf haalaan murteessaa fi barbaachisaa dha. Mootummaan wayyaanee wagaga 22/3 guutuu Oromoo fi Oromiya ajjeessaa fi miidhaa jira. Qaroo ilaamaan Oromoo kumaa fi kitila lubbuu galaafateera. Kanaaf Diina saba keetii tajaajiluurra, Lammii fi qomoo kee waliin mirgaa fi bilisummaa keetiif akka falamtuu fi gara QBOtti akka makamtu waamicha keenya Oromummaa fi lammumaa cimsinee isniif dhaamna.
15. Ummatni Oromoo baayyina sabaa fi gurmmuu lammii keetii hunda gara human Qabsootti jijjiiruun tokkummaa fi gamtaan QBtti dirmattee mootummaa gabroofataa kana ofirraa Buqqiftee mirga abbaa biyyummaa fi bilisummaa keenya akka gonfannu waamicha Qabsoo isiniif goona.

Gadaan Gadaa Bilisummaati!

Injifannoo Ummata Oromoof!

Miseensota ABO Konyaa Gadaa Bilisummaa

Kaanaadaa

Ebla 2014